

Dambii Lakk,146/2004

**Komishinii Naamusaa Fi Farra Malaammaltummaa
Naannoo Oromiyaa**



**Dambii Qondaalaa Naamusaa
Guraandhala 2004
Finfinnee**

Danbii lakk.146/2004

Dambii Qondaala Hordoffii Dagaagina Naamusaa Manneen Hojii Mootummaa Keessatti Hundeessuuf Bahe

Tajaajila manneen hojii Mootummaa fi dhaabbilee misooma mootummaa keessatti kennamu saffisaa, iftoomina kan qabuu fi malaammaltummaa fi hojimaata badaa sirreessuu dandeessisu diriirsuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Manneen hojii mootummaa fi dhaabbilee misoomaa mootummaa sadarkaa hundatti argaman keessaatti caasaalee dagaagina naamusaa qindeessaniif hordofan akkasumas itti gaafatamtoota ol'aanaa manneen hojii mootummaa fi dhabbilee misoomaa mootummaatiif gorsan fi deggersa kennan hundeessuun barbaachisaa ta'ee waan argameef,

Akkaataa labsii lakk.163/2003 keewwata 65(2) tiin dambii kanatti aanu bahee jira.

Kutaa tokko

Tumaalee Waliigalaa

1. Mata duree gabaabaa

Dambiin kun dambii qondaala hordoffi fi dagaagina naamusaa manneen hojii mootummaa fi dhaabbilee misoomaa mootummaa keessatti hundeessuufi bahe dambii lakk.146/2004 jedhamee waamamu nidandaa'a.

2. Hiika

Akkataan jechiichaa hiika biroo kan kennisiisuuf yoo ta'e malee dambii kana keessatti,

1 “Komishiinii” jechuun Komishinii Naamusa fi Farra Malammaltummaa Naannoo oromiyaati.

2.”Labsii” Jechuun labsii komishinii naamusaa fi farra malaammaltummaa Oromiyaa hundeessuuf bahe labsii 71/1995 jechuudha.

3.“Garee Hordoffii fi Dagaagina Naamusaa ” jechuun manneen hojii mootummafi dhaabbilee misooma mootumaa keessatti garee hojii hordoffi dagaagina naamusaa hojjatuu jechuudha’

4.”Qondaala Naamusa” jechuun manneen hojii mootummaa fi dhaabbilee misooma mootumma naannicha keessatti ogeessa dagaagina naamusaa qindeessuu fi hordofu jechuudha.

5.”Mana Hojii Mootummaa ” jechuun mana hojii mootummaa naanichaa keessatti argaamu ta'ee guutummaa guutuutti yookaan gartokkeedhaan baajata mootummaatiin kan buluu fi hojiin mootummaa naanichaa kamiyyuu keessaatti raawwaatamu jechuudha.

6.”Dhaabbilee misooma mootummaa “ jechuun dhaabbilee misooma guutummaan yookiin gar-tokkeen mootummaadhaan hundeffamee hojii omishaa ,rabsaa,ijaarsaafi kenna tajaajilaa yookiin hojiwwan misooma dinagdee fi daldalaan biro waliin wal- qabatan irratti boobba'ee **jechuudha.**

7,” Hogganaa Ol'aanaa” jechuun mana hojii mootummaa yookiin dhaabbilee misooma mootummaa kamiyyuu keessatti itti gaafatamaa kan ta'e yookiin hoogganummaadhaan kan gaggeessu jechuudha,

8. “Hojjataa”jechuun mana hojii mootummaa yookiin dhaabbilee misooma mootummaa keessatti qaxaramee yookiin ramadamee yookiin muudamee nama hojjatu jechuudha.

3.Ibsa Saalaa

Danbii kana keessaatti jechi salaa dhiraatiin ibsame dubartiis ni dabalata.

4. Daangaa raawwatiinsaa

Danbiin kun mana hojii mootummaa fi dhabbilee misooma mootummaa naanichaa kamiyyuu irratti raawwatiinsa ni qabaata.

5. Hundeeffamaa fi itti waamama qondaala yookiin garee hordoffii fi dagaagina namuusaa

Mana hojii mootummaa fi dhaabbilee misooma mootummaa naanichaa kamiyyuu keessatti.

1.Qondaala yookiin garee hordoffi fi dagaagina namusa danbii kanaan hundeeffameera.

2. itti waamamni qondaala hordoffifi dagaagina naamusaa hogganaa ol'aanaadhaa mana hojichaan yookiin dhaabbatichaaf ta'aa.

3. keewwata kana keewwata xiqqaa 2 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee qondaalii yookiin gareen hordoffi fi gagaagina naamusaa komishinichaa waliitti dhufeenyaa hojii ni qabaata.

6.Kaayyoo

Qondaallii naamusaa yookiin gareen hordoffii fi dagaagina naamusaa kaayyoowwan armaan gadii ni qabaata.

1. Manneen hojii mootummaafi dhaabbilee misooma mootummaa keessatti hojjatoota naamusa gaarii miira tajaajiltummaa ummataa

itti gaafatatumaa akkasummas dammaqina qabanii fi malaammaltummaa fi hojii maata badaa baachuu hin dandeenye horachuu.

2. Yakka malaammaltummaa fi hojiimaata badaa ittisuu saaxiluu yookiin akka saaxilamu gochuu akka qoratamu yookiin shakkamtoota irraati tarkaanfii seeraa barbaachisaa ta'e akka fudhatamu komishinicha beeksiisuu.

Kutaa lama

Gurmm'ina Aangoo fi Gahee Hojii Qondaala Hordoffi Dagaagina Naamusaa

7.Gurma'ina

1.gareen hordoeffu fi gadaadina naamusaa akkaataa haala bal'ina fi amala hojii mana hojjiichaa yookiin dhaabbataa misoomichaatti qondaala namuusaa yookiia garee namusaafi hojjatoota kan biro hojjiichaafi barbaachisaan ni qabaata. Haallii rawii isaa qajeelfama ba'uun kan murta'uu ta'a.

2. manni hojjiichaa yookiin dhaabbatni misoomichaa caasaalee of jalatti yoo qabaate dameewwan yookiin caasaalee isaa keessaatti gareehordoeffii dagaaginnaa naamusaa yookiin qondaala namuusaa ni gurmeessa.

8. Angoo fi Hojii Qondaala Naamusaa Yookiin Garee Hordoffii Dagaagina Naamusaa

1. hojjiwwan hordoeffi fi dagaginnaa namuusaa ni karoorsa ,ni qindeessa , ni raawwata,qajeeelfama namusa mana hojjiichaa yookiin dhaabbata misoomichaa ni qopheessa ,akka qophaa'uu ni taasisaa.raawwii ni hordofa.
2. Seeronni farra malaammaltummaa mana hojjiichaa yookiin dhaabbata misoomichaa keessa jiraachuu fi kabajamuu isaanii ni hordofa , hogganna ol'aanaa fi hojjatoonni

seerooota farra malammaltuummaa ,fi hojiimaata badaa fi qabsoo farra malammaltummaa irratti hubannoo akka qabaatan barumsa naamusaa ni kenna yookiin kennamu ni taasiisa.

3. Seeronni danbii fi qajeelfama bulchiinsa faayinaansii fi bulchiinsa hojjettootaa kan qaxarrii guddinaa jijiirraa jiraachuu isaanii ni mirkanoeffataa kan hin guutamnee yoojiraate akka guutaman yaada itti gaafatamaayookiin hogganaa ol'aanaaf ni dhiyeessa ,raawwii isaas ni hordofa.
4. Qaxarrii guddina jijiirraa leenjii ,bittaa qabeenyaa yookiin tajaajilaa walii galtee kamiyyuu kan ilaalatu seeraa dambii fi qajeelfamni cabeera jedhee yemmuu amanu hogganaa mana hojiichaa yookiin dhaabbatichaa ni beeksiisaaaaaa.raawwii isaas ni hordoofa ,furmaati kan hin kennamneef yoo ta'ee komishinichaafni gabaasa.
5. Qu'aannoo hojiimaata malammaltummaafi hojimaata badaaf qaaww qaban irratti ni gaggeessa ,kan komishinichi gaggeessuuf deggersa ni kenna kallatti fi yaadi furmaataa kennaman akka hojii irra oolan ni taasisa.
6. Hir'ina naamusaa hojiimaata badaa ,yakki malammaaltummaa raawwatamuu isaa yoo shakke ykn eeruun yoo dhiyaateefi ni galmeessa hogganaa mana hojiichaa ykn dhaabbataichaa ni beeksisa, komishinichaafis ni gaabaasa.
7. Gabaasa odiitara keessaatti yookiin odiitara alaatiin dhihaatee akka sirreeffaman yookiin tarkanfiinirratti akka fudhatamaan taasifame hordofee hogganaa mana hojiichaa yookiindhaabbatichaa fi komishinichaafis ni beeksisa.
8. Sochii naamusaa gaarii dagaagsuu fi yakka malammaaltummaaitisuuf taasifamu ni hoggana,ni qindeessa.

9. Hojii qabeenyaa beeksiisuu fi galmeesssuu akkaataa seeraafi bakka bu'insa komishinichaan kennamuufiin ni raawwata .raawwii isaas komishinicha ni beeksiisa..
10. Hojiilee qorannoo yakka malammaltummaa komishinichaan ykn qaama komishinichaan bakka bu'een gaggeeffamuuf deggarsa barbaachisaani taasiisa.
11. Naamusaa fi qabsoo farra malammaltummaa ilaalchisee hogganaa mana hojichaa yookiin dhaabbatichaa ni gorsa.deggersa ogummaa ni kennaa.
12. Gabaasa yeroo isaa eeggate qopheessee komishinichaafi hogganaa mana hojichaafi yookiin dhaabbatichaa ni dhiheessa.
13. Hojiilee biroo hogganaa isaa ykn komishinichaa irra kennaman ni raawwata.

9.Aangoofi Hojii Hogganaa Ol'aanaa Mana Hojichaa

1. Manneen hojii mootumaa yookiin dhabbilee misooma mootummaa keessatti hojjetaa fi gaggeessaan naamusaa gaarii akka qabatuu akkasumas qunnamtiinhojii gaariin akka jiraatuu fi bulchinsii gaariin akka mirkanaa'u hordoffii ni taasisa.
2. Sirni hojimaata mana hojiichaa yookiin dhaabbatichaa malammaltummaafi hojimaata badaafi kan hin mijanne , iftoominaafi ittigaafatamummaakan qabu akka ta'u ni taasiisa.
3. Qondaala namusaa yookiin garee hordoffi fi dagaagina naamusaa mana hojichaa yookiin dhaabbatichaa itti gaafatamummaa isaani bahuu akka danda'aanhuma namaa fi tajaajilawwan barbachisu guutuu fi mindaa fi faayidaalee barbachisu kennun garichaafi yookiin qondaaltichaaf haala hojii ni mijeessa.
4. Mana hojichaa yookiin dhaabbata misoomchaa keessatti mallattoon hir'ina naamusaa ,hojimaata badaa fi

malammaltummaa yammuu mul'atu hatatamaan hojjetootaa fi gaggeessitoota waliin ni mari'ata,furmaatani kenna.

5. Tarkaanfiwwan gulchinsaa yookiin naamusaa fudhatamaan raga gahaa kan deggaramaan ,haaloo irraa bilsaakan ta'aan mana hojichaa yookiin dhaabbata misoomichaa keessatti bulchinsaaa gaarii mirkaneesuufi kan guumachaan ta'uu isaanii ,tarkaanfiwwan seeraafi qajeelfama kan bu'ureefataanii fi haqa qabeessa ta'uu isaanii ni mirkaneessa.
6. Qondaalli ykn gareen hordoeffi fi dagaggina naamusaa hojjetootaafi barumsi naamusaa gahaa ta'ee yeroo yeroon kennuu isaa , hojimaata badaa fi gochaalee malammaltummaafi saaxilan haala gahaa ta'een hordofee tarkaanfiin sirreffamamaa akka fudhatamuu taasisuu isaa ni hordofa,ni to'ata.
7. Sirna eegumsa eeruu kennitootaa dirirsuun mirgootaafi dirqamoota eeruu kennitootaa keessaattuu kan armaan gadii kan ilaallatu beeksisni bakka ifa ta'eefmul'atutti akka maxxansamu ni taasisa.
 - a) Hogganaa fi hojjataan kamiyyuu malaammaltummaa fi hojiimaata badaa saaxiluuf dirqama akka qabuu fi kana gochuu dhabuun kan gaafachiisu ta'uu isaa.
 - b) Eeruun qaamaan dhihaachuun ,jechaanis ta'e barreeffamaan ,maqaa ibsuun yookaan osoo hin ibsin bilbilaan, poostaan,imeeliin,faaksiin yookaan maloota elektirooniksii kan kana fakkaataniin dhikiyeessuu kan danda'an ta'uu isaa.
 - c) Dambii naamusaa cabsuu yookiin yakka malammaltummaa irraatti eeruu kennitoota irratti tarkaanfii haloo fudhaachuun dhorkaa ta'uu isaa fi kunis ta'ee yoo argame yakkaanii fi tarkaanfii bulchiinsaan kan gaafachiisu ta'uu isaa.

- d) Eeruu ta'e jedhamee nama miidhuuf sobaan qophaa'e yookiinni qindaa'e tarkaanfii bulchiinsaa fi yakkaan kan gaafachiisu ta'uu isaa.
 - e) Qondaalli naamusaa tarkaanfiiwan haaloo bahuuf fudhatamaan kana qorachuudhaan yaada murtii kan dhiyeessu fi kana yoo raawwatu garagaalchaan komishiniichaas kan beeksiisu ta'uu isaa.
 - f) Tarkaanfii haaloo ba'uuf fudhataman irratti manni hojii yookiin dhaabatnii misoomaa murtee kenne irratti hojjataan komii qabu komishinichaaf ol-iyata dhiyeeffachuu kan danda'uu ta'uu isaa.
8. Hordoeffiidhaafi akka tolu dhimmoota odiitara alaatiins ta'ee odiitara keessaatin akka sirraa'an ykn tarkaanfiin akka irratti fudhatamu gabaasni dhiyaate qondaalli naamusaa garagalchaan akka beeku ni taasisa.
9. Qondaalli naamusaa yookiin gareen hordoeffi fi dagaagina naamusaa leenjiifi barumsa naamusaa hojii isaaniif gargaaru akka argaatan ni taasiisa.
10. Qondaalli naamusaa yookiin gareen hordoeffi fi dagaagina naamusaa deggersa barbaachisaa ta'e akka argatu haala ni mijeessa.

Kutaa Sadii

Qaxarrii ,Ramaddii fi Haala Hojii

10.Haala Ramaddii Qondaala Naamusaa Yookiin Garee Dagaagina Naamusaa

1. Manni hojii mootummaa yookiin dhaabbatni misooma mootummaa itti gaafatamaa garee hordoeffi dagaaginnaa naamusaa

fi hojjetoota yookiin qondaala naamusaa qaxarriidhaan yookiin guddinaan yookiin jijiiraadhaan ni ramada.

2. Kan keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti tumame akkumaa eegametti ta'ee itti gaafatamaan qondaala naamusaa muudamaan ramadamuu ni danda'a.
3. Haalii raawwii qaxarrii guddina,sadarkaa yookiin jijiirraa akkaatuma seera hojjatoota mootummaa yookiin dambii yookiin qajeelfama mana hojichaa yookiin dhabbata misoomichaatiin ta'a.
4. Manneen hojii mootummaa yookiin dhaabileen misooma mootummaa kamiyyuu dambiin kun erga hojii irra oolee kaasee yeroo gabaaba keessaatti qondaala yookiin garee hordoeffii fi dagaagina naamusaa ramaduun ,komishinichas ni beeksisa.

11.Ulaagaalee Ramaddii

1. Namni qondaala naamusaa ta'ee ramadamuu kamiyyuu ulaagaalee armaan gadii guutuu qaba.
 - a) Bakka hojii isaatti naamusa gaarii kan qabuu fi fakkeenya kan ta'e
 - b) Malaammaltummaa fi hojiimaata badaa irraa qulqulluu kan ta'e kan irratti qabsa'uu akkasumas ejjannoo kanaanis kan beekame.
 - c) Araada dhugaatii fi baala sammuu nama hadoochanii irraa bilisa kan ta'e.
- 2.Namni qondaala naamusaa ta'ee ramadamu kamiyyuu qophii barumsa ,erga mana hojii mootummaa yookiin dhaabbata misoomicha waliin wal simuu danda'un Kan leenji'ee ta'uu qaba.

3.ulagaaleen sadarkaa barnoota fi muuxannoo hojii gita hojichaafi barbaachisan akkaataa seera hojjettoota mootummaa yookiin seeraa addaa mana hojichaatiin kan ilaalamu ta'a.

4.sadarkaan gulantaa hojii dursaa garee naamusaan yookiin qondaala naamusaa sadarkaa abbaa adeemsaa hojii yookiin sadarkaa gulantaa ogeessa ol'aanaa mana hojichaa yookiin dhaabbata misoomichaa ta'a

12.Guddina Sadarkaa fi Faayidalee Biiroo

1.Namni mana hojii mootummaa yookiin dhabbataa misooma mootummaa keessatti qondaala naamusaa ta'ee ramadamee yookiin qaxaramee kamiyyuuakkataa seera hojjatoota mootummaa yookiin dambii mana hojii mootummaa yookiin dhaabbata misoomichaatiin guddina sadarkaatiif dorgomuuf mirga ni qabaata.

2. Faayidaaleen hojjittootaa mana hojichaaf yookiin dhaabbata misoomichaaf raawwatamu kamiyyuu qondaala naamusatiifis ni raawwatamu.

3. Haalli addaa yoo mudatee malee muuxannoon hojii qondaala naamusaa yookaan garee hordoffii fi dagaagina naamusaa akkuma mana hojii yookiin dhaabbata misoomaa sana keessatti argametti fudhaatama.

Kutaa Afur

Haala Tarkaanfiin Bulchiinsaa Itti Fudhatamuu fi KomiinItti Dhiyaatu

13.Hojiirraa Kaasuu

1. Qondaalli naamusaa gochaa balleessaa naamusaa raawwatee yoo argame akkaataa seera mana hojichaa yookaan dhaabbataa misoomichaa tiin kan itti gaafatamuu ta'a.
2. Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee qaamni qondaala naamusaa hojiirraakaasee komishiniichaa beeksiisuu qaba.

14.Haala Tarkaanfiin Bulchiinsaa Itti Fudhataamu

Dambii kana keewwaata 13 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee qondaalli naamusaa badii raawwatee yoo argame akkaatuma seera yookiin dambii naamusaa hojjattoota mootummaa yookiin dhaabbata misoomaa mootummaa dhimmi isa ilaalatuun yookiin seera illallatuun kan gaafatamu ta'a.

15.Akkaataa Komii Fi Ol'iyyannoonaan Itti Dhiyaatu.

1. Qondaalli naamusaa sababa hojii irraa dhoorkame yookiinka'eef kan komatu yoo ta'e akkaataa seera ilaallatuu fi dambii naamusaa mana hojichaa yookiin dhaabbata misoomichaatiin yookiin waliigaltee waliinii dhaabbata misoomichaa waliin taasifameetiin adeemsaa isaa hordofee komii yookiin ol'iyyannoonaan dhiyeeffachuu ni danda'a.

2. Akkaataa komii yookiin ol'iyyannoo dhiyaateetiin tarkaanfiin fudhatame dogongora ta'ee yoo argame hogganaa ol'aanaan akka sirra'u ni taasisa.
3. Qondaalli naamusaa komiin yookiin ol'iyyannoon koo hin dhagahamne yookiin tarkaanfii sirreffamaa hoggaanaa ol'aanaadhaan fudhatame irratti komii yoo qabaate iyyata komishinichaaf dhiyeffachuuni danda'a.
4. Komishiniichii komii yookiin ol'iyyannicha dhihaateef qoratee murtii inni kennu isaa xumuraa ta'a.

Kutaa Shan

Tumaalee Adda Addaa

16. Deggarsaa fi Wal- qunnamtii Hojii

Dambii kana keewwatoota biro jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee,komishinichi;

1. Qondaalli naamusaa yookiin gareen dagaagina naamusaa manneen hojii mootummaa fi dhaabbilee misooma mootummaa keessatti barumsa naamusaa babal'isuu fi malammaaltummaa ittisuufi carraaqqii taasisanif deggersa teeknikaa fi ogummaa ni taasiisa, leenjiwwan ni qopheessa,akka kennamu ni taasisa.
2. Hoggantoota ol'aanoo manneen hojii fi dhaabbilee misooma mootummaa fi qondaala yookiin garee hordoeffii fi dagaagina naamusaa waliin wal tajjii marii qopheessuun raawwii hojii fi rakkolee mudatan irratti marii ni gaggeessa.
3. Gaafii fi deggarsa qondaala naamusaa yookiin garee hordoeffii fi dagaagina naamusaa irra dhihaatu irratti hundaa'uun deggersa barbaachisaa ni taasisa.

17.Tarkaanfiin Haaloo Bahuu Dhorkomaa Ta’uu Isaa

1. Ga’ee hojii qondaala naamusaa dambii kana keewwata 8 jalatti tumamee akka raawwatamuu yookiin n raawwschisuu isaatiif qondaala naamusaa irratti tarkaanfii haaloo bahuu fudhachuun dhorkaadha.
2. Qondaalii naamusaa tarkaaniin haaloo bahuu irratti fudhatame tarkaanfichi akka irra dhoorkamu komishinichatti iyyachuu nidanda’aa
3. Komishinichi iyyannoo keewwata kana kewwata xiqqaa 2 jalatti dhiyaate qoratee tarkaanfiin haaloo bahuu raawwatamuu isaa yoo mirkaneeffate tarkaanfiin haaloo bahuu akka dhaabbatu ni godha.

18.Dirqama Deggarsa Kenu

1. Hojjetaan manneen hojii mootummaa yookiin dhaabbilee misooma mootummaa kamiyyuu qondaala naamusaa mana hojichaaf yookiin dhaabbatichaaf raawwii hojii isaatiin kan gargaaru ragaalee fi deggersa biroo gaafatu kennuufiif dirqama deggersa kennuu qaba.
2. Seerota biro jalatti kan tumame akkuma eegametti ta’ee qondaala yookiin garee hordoffii fi dagaagina naamusaatiif deggersa kennuu dhabuun akkaataa labsii komishinichaa hundeesseenkan itti gaafatamu ta’ a

19.Adabbii

Hogganaan ol’aanaa mana hojichaa yookiin hojjataan kamiyyuu qondaala naamusaatiif eeruu kenneera yookiin eeruu kennuufi

qopha'eera jedhee kallattiin ala gocha haaloo bahuu raawwaatee yoo argame bu'uura seera yakka keewwata 444 tiin kan gaafatamu ta'a...

20.Hojiirraa Hir'isuu

Hojjataa hir'isuu yeroo dirqama ta'utti qondaala naamusaa dhaabbata misooma mootuimmaatiif akkaataa seera hojjataa fi hojjachisaatiin mirgii itti gaafatamtoota fi hojjattootaatiif kennname ni eegamaaf.

21.Seerota Raawwatiinsaa Hinqabaanne

Dambii yookiin barmaatilee hojii dhimmoota dambii kanaan haguuggaman waliin walfaallessu kamiyyuu raawwatiinsa hin qabaatu.

22. Aangoo Qajeelfama Baasuu

Komishinichi dambii kana raawwachiisuf qajeelfama baasuu ni danda'a

23.Yeroo Dambiin Kun Hojii Irra Itti Ooluu

Dambiin kun Guraandhala 2 bara 2004 irraa eegalee hojii irra kan oolu ta'a

Alamaayyoo Atoomsaa

Pireezidaantii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa

Guyyaa 2/6/2004

Finfinnee

Finfinnee

Qajeelfama Lakk, 1/2005

**Komishinii Naamusaa Fi Farra Malaammaltummaa
Naannoo Oromiyaa**



Qajeelfama Dambii Lakk. 146/2004

Raawwachiisuufi Bahe

Sadaasa 2005

Seensa

Manneen Hojii Mootummaa fi Dhaabbilee Misooma Mootummaa Keessatti hojiiwwan malaammaltummaafi hojimaata badaa ittisuu fidhabamsiisuufi hojjataman haala qindoomina fi walitti hidhamiinsa qabuun,sadarkaa sadarkaan fi dhiheenyatti akka raawwataman taasisuun bu'aa qabeessaafi gahee ol'aanaa waan qabuuf;

Komishiniin Naamusaafi Farra Malaammaltummaa Naannoo Oromiyaa manneen hojii mootummaa fi dhaabbilee misooma mootummaa waliin hojiiwwan malammaaltummaa fi hojimaata badaa ittisuu irratti hojjataa kan jiru ta'us Akkaataa qindoomina qabuufi walitti dhiheenyaan hojjechuun hanqinaalee gama gurma'insaatiin wal-qabatee mul'atu furuun barbaachisaa ta'ee waan argameef,

Rakkoowwan Gurmaa'insa qondaaltotaa fi garee hordoffii dagaaginnaa naamusaa waliin walqabatanii jiran hundee irra maqsuudhaaf akkaataa uumama,amala,ga'eefi bal'ina hojii manneen hojii mootummaa fi dhaabbilee misooma mootummaatiin caasaa qondaala naamusaa diriirsuun ykn akka diriiru taasisuun gochoota malammaltummaa fi hojiimaata badaaf saaxilan dhabamsiisuuf keessatti ga'ee ol'aanaa waan qabuuf.

Akkaataa Dambii Qondaala ykn garee Hordoffii Dagaagina Naamusaa Manneen Hojii Mootummaa fi dhaabbilee Misooma Mootummaa Keessatti Hundeessuuf Bahe Dambii Lakk.146/2004 Keewwata 7(1)fi 22 tiin qajeelfamni kanatti aanuu bahee jira.

Kutaa Tokko

Tumaale Waliigalaa

1) 1.Mata Duree Gabaabaa

Qajeelfamni kun “Qajeelfama Dambii Qondaala ykn Garee Hordoffi Dagaagina Naamusaa Manneen Hojii Mootummaafi Dhaabbilee Misooma Mootummaa Keessatti Hundeessuuf Dambii Lakk 146/2004 Raawwachisuuf Bahe Lakk 1/2005” jedhamee waamamuu ni danda’aa.

2) Hiika

Akkataan jechichaa hiika biroo kan kennisisuuf yoo ta’e malee Qajeelfama kana keessatti,

- 1 **“komishiinii”** jechuun komishinii naamusa fi farra malammaltummaa naannoo oromiyati.
- 2 **“Labsii”** Jechuun labsii komisinii naamusaa fi farra malaammaltummaa Oromiyaa hundeessuuf bahe labsii 71/1995 jechuudha
- 3 **“Dambii”** jechuun Dambii Qondaala ykn Garee Hordoffii Dagaagina Naamusaa Manneen Hojii Mootummaa fi dhabbilee Misooma Mootummaa Keessatti Hundeessuu fi hojimata Isaanii Murteessuuf Bahe Dambii Lakk. 146/2004 jechuudha.
- 4 **“Garee Hordoffii Dagaagina Naamusaa”** Jechuun Manneen hojii mootummaa fi dhaabbilee misooma mootummaa keessatti hojiilee dagaaginaa naamusaa hojjachuuf caasaa gurmaa’edha.
- 5 **“Mana Hojii Mootummaa”** jechuun mana hojii mootummaa naanicha keessatti argamu ta’ee guutummaa guutuutti ykn gar-tokkeedhaan baajata mootummaatiin kan buluu fi hojiin

mootummaa naanichaa kamiyyuu kan keessatti raawwatamu ykn hojjatamu jechuudha.

- 6 **”Dhaabbilee Misooma Mootummaa”** Jechuun dhaabbilee misooma guutummaan ykn gar-tokkeen mootummaa naannichaan hundeffamee hojii Omishaa,Rabsaa,Ijaarsaafi Kenna Tajaajilaa ykn Hojiwwan misooma dinagdee fi daldalaa biro waliin wal-qabatan irratti bobba’e jechuudha.
- 7 **” Hogganaa Ol’aanaa”** Jechuun mana hojii mootummaa ykn dhaabbilee misooma mootummaa kamiyyuu keessatti itti gaafatamaa kan ta’e ykn hogganummaadhaan kan gaggeessuu jechuudha.
- 8 **“Hojjataa”** Jechuun mana hojii mootummaa ykn dhaabbilee misooma mootummaa keessatti qaxaramee ykn ramadamee ykn muudamee nama hojjatu jechuudha.
- 9 **“Gaggeessaa Garee”** jechuun hojii garee hordoffii dagaagina naamusaa manneen hojii mootummaa fi dhaabbilee misooma mootummaa keessatti gaggesudhaaf nama muudame ykn qaxarame jechuu dha.
- 10 **“Qondaala Naamusaa”** Jechuun ogeessa hojii hordoffii dagaagina naamusaa manneen hojii mootummaa fi dhaabbilee misooma mootummaa keessatti akka hojjatu ,raawwatu,qindeessu , deggaruufi hordoofu nama muudame ykn ramadame ykn qaxarame jechuudha.
- 11 **“Tajaajilamtoota”** jechuun akkaataa bu’aa qo’annoo jijiramaa Bu’ura Adeemsaa Hojii (JBAH)fi Sirna Madaalii Bu’aa Karoora Tarsiimaawaa(SMBKT) mana hojichaa ykn dhaabbata misoomichaatti tajaajilamtoota jedhamanii kan moggaafamaniidha.

- 12 “**Dhimmamtoota**” jechuun akkaataa JBAHfi SMBKT mana hojichaa ykn dhaabbata misoomichaatti dhimmamtoota jedhamanii kan moggaafamaniidha.
- 13 “**Qaamolee Ijoo Farra Malammaltummaa Kan Keessaa**” jechuun mana hojichaa ykn dhaabbatichaa keessatti qaamoolee ykn caasaalee adda durummaan qabeenya mana hojichaa ykn dhaabbatichaa bulchuuf ykn hojirra olmaa isaa to’achuu fi mirkaneessuudhaaf ga’ee ol’aanaa qaban jechuudha.
- 14 “**Qaamolee Ijoo Farra Malammaltummaa Kan Alaa**” jechuun qaamolee mootummaa mit-mootummaa fi hawaasa adda addaa bifa dhuunfaanis ta’e jaarmiyaatiin ykn qindoominaan malaammaltummaa fi hojimaata badaa ittisuuf ,saaxiluuf,qabsoo farra malammaltummaa deggaruu ga’ee ol’aanaa kan qaban ykn gurmaa’an jechuudha.
- 15 “**Damee**” jechuun caasaalee manneen hojii mootummaa ykn dhaabbata misooma sadarkaa naannotti aananii godinaalee lamaa fi isaa olitti ykn godinaalee muraasa hammatanii kan gurmaa’anii fi ykn akkaataa amala fi hojiichaa ykn dhaabbatichaan naannotti aananii kan gurmaa’an jechuudha.

3.Ibsaa Saalaa

Qajeelfama kana keessatti jechi saala dhiiraatiin ibsame dubartiis ni dabalata.

4.Dangaa Raawwatiinsaa

Qajeelfamni kun ;-manneen hojii mootummaa fi dhaabbilee misooma mootummaa naanicha keessatti argaman ,hoggantoota ol’aanaa fi hojjattoota isaan kamiyyuu irratti ,dhaabbilee dhuunfaafi dhaabbilee mit-mootummaa manneen hojii fi dhaabbileen misooma mootummaa

dhimma ykn ga'ee keessaa qaban , hoggantoota ol'aanaa fi hojjattoota isaanii kamiyyuu irratti raawwatiinsa ni qabaata.

5.Kaayyoo

Kaayyoo qajeelfama kanaa

1.Rakkoowwan gama gurmaa'insaa fi hojimaata caasaalee qondaaltoota hordoffii dagaaginnaa naamusaa jiran maqsuudhaa fi akkaataa amala ga'ee fi bal'ina hojii manneen hojii mootummaa fi dhaabbilee misooma mootummaatti diriirsuufi gurmeessuufi;

2.Hojiwwan malammaltummaa fi hojiimaata badaa maqsuuf manneen hojii mootummaa fi dhaabbilee misooma mootummaa keessatti hojjataman hojjwwan mana hojii kan biro wajjiin haala qindoominaa fi walitti hidhamiinsa qabuun sadarkaa sadarkaan dhiheenyatti akka raawwataman taasisuufidha.

6.Ittiwaamama fi Wal-qunnamtii Hojii

1.Ittiwaamamni qondaala ykn garee hordoffii dagaaginnaa naamusaa hogganaa ol'aanaa ykn ittigaafatamaa mana hojichaa ykn dhaabbata misoomichaatiif ta'a.

2.Kan Keewwata kana keewwata xiqqaa(1) jalatti ibsame akkuma eegametti ta'ee qondaalli ykn gareen hordoffifi dagaaginnaa naamusaa;

a,Komishinii ,Dameewwan isaa fi caasalee komishiniccha kan biro wajjin

b.Caasaalee qondaala naamusaa manneen hojii fi dhaabbata misoomaa sadarkaa sadarkaadhaan naannoo irraa hangaa dakaatti jiranii wajjiin;

- c.Ijaarsa ykn gamtaalee ykn qaamolee farra malammaltummaa sadarkaa sadarkaadhaan naannoo irraa hanga dakaatti jiran wajjini fi
- d. Akka barbaachisummaasaatti qaamolee farra malammaltummaa irratti hojjatan kanneen biro waliin wal-qunnamtii hojii ni qabaata.

Kutaa Lama

Gurmaa'insa, Ulaagaalee fi Sadarkaalee Caaseffamaa

7.Gurmaa'insa

1 Gurmaa'insi caaseffama qondaalaa ykn garee hordoffi dagaaginää naamusaa manneen hojii mootummaa fi dhaabbilee misooma mootummaa akkaataa caaseffama mana hojichaa ykn dhabbata misoomichaatiin kan gad diriiru ta'a Haaluma Kanaan; -

- a.Sadarkaa Naannoo,
- b.Sadarkaa Damee
- c.Sadarkaa Godinaa,
- d.Sadarkaa Bulchiinsaa Magaalaa
- e.Sadarkaa Aanaatti ta'a

2.Kan Keewwa kana Kaawwata xaqqaa (1) jalatti ibsame jiraatullee gurmaa'insii haaraan barbaachisaa ta'ee yoo argame akkaatuma walfakkaatuun kan gurmaa'u ta'a.

8.Ulaagaalee Qoodiinsa Sadarkaa Manneen Hojii Mootummaa fi Dhabbilee Misooma Mootummaa

Ulaagaaleen qoodiinsa sadarkaa manneen hojii mootummaa fi dhabbilee misooma mootummaafi caaseffama qondaala ykn garee hordoffi dagaaginaa naamusaa akkaataa armaan galiitti tarreeffamaniintaa' a;-

- 1.Bal'ina caaseffama mana hojichaa ykn dhaabbitaa misoomichaa; ykn
 - 2.Baay;ina baajataa fi qabeenya ykn horataalee bulchaniin ta'ee,kunis
 - a.Baay'ina baajataa marmaartuu fi kaapitaalaa
 - b,Baay'ina qabeenyaa dhaabbataa fi dhumataa ykn qabeenyaa sochoonneen ta'ee,ykn
 - 3,Waliitti dhufenyaa imaammattootaa fi tarsiimoolee mootummaan guddina ittifufiinsa qabu kallattii dinagdee, hawaasummaa,fi kunuunsa naannoo mirkaneessuuf baase waliin qaban ;ykn
 - 4,Murteessummaa hojii ol'aantummaa seeraa, bulchiinsa gaarii fi ijaarsa sirna dimookiraasii fi haqa mirkanessuu keessatti ga'ee qabaniin ykn
 - 5,Amala hojii mana hojichaa ykn dhaabbata misoomichaa irraa kan ka'e sadarkaa Saaxilamummaa malammaltummaa fi hojimaata badaaf qabaniin ta'a,
- 9.Sadarkaalee Manneen Hojii Mootummaa Fi Dhaabbilee Misooma Mootummaa**
- Akkaataa ulaagaalee qajeelfama kana keewwata 8 jalatti tarreeffameen manneen hojii mootummaa sadarkaa lamatti kan qoodaman ta'a.Haaluma kanaan

1. Manneen hojii mootummaa fi dhaabilee misooma mootummaa sadarkaa 1ffaa irratti ramadamanii fi caasefamamni qondaala naamusaa isaanii sadarkaa Gareetiin Gurmaa'uu qabu.

1. Biiroo Siviil Sarvisii fi Bulchiinsa Gaarii
2. Biiroo Qonnaa
3. Biiroo Indusitrii fi Misooma Magaalaa
4. Mana Murtii Waliigalaa
5. Biiroo Maallaqaa fi Misooma Magaalaa
6. Biiroo Barnoota
7. Biiroo Eegumsa Fayyaa
8. Biiroo Haqaa
9. Biiroo Galiiwwanii
10. Biiroo Bishaan, Albuudaafi Inarjii
11. Biiroo Lafa Baadiyyaa fi Eegumsa Naannoo
12. Biiroo Daldalaafi Misooma Gabaa
13. Abbaa Taayitaa Daandiiwwanii
14. Komishinii Barnoota, Leenjii Teekiniikaa fi Ogummaa
15. Komishinii Poolisii
16. Komishinii Bulchiinsaa Manneen Sirreessaa
17. Ejensii Interpiraayizii Maayikiroo fi Xixiqqaa
18. Ejensii Geejjibaa
19. Ejensii Bitaa fi Dhabamsiisa Qabeenya
Mootummaa
20. Instiitiyuutii Qoranna Qonnaa
21. Intarpiraayizii Ijaarsa Hojiwwan Bishaanii
22. Intarpiraayizii Dizaayinii fi To'annoo
Bishaanii

23. Intarpiraayizii Ijaarsaa Daandiiwwanii
24. Dhaabbata Bosonaa fi B ineensota Bosonaa
25. Komishinii Inveestimenti

2. Manneen hojii mootummaa fi dhaabbilee misooma mootummaa sadarkaa lammaffaa irratti ramadamanii fi caaseffamnii qondaala naamusaa isaanii sadarkaa Ogeessaa (Raawwataa)tiin gurmaa'uu qabu.

1. Waajjira Af-Yaa'ii fi Caffee
2. Waajjira Pirezidaantii
3. Mana Hojii Odiitara Muummichaa
4. Biiroo Bulchiinsaa fi Nageenyaa
5. Biiroo Dhimmoota Kominikeeshinii Mootummaa
6. Biiroo Dhimma Dubartootaa fi Daa'immanii
7. Biiroo Aadaa fi Turizimii
8. Biiroo Dhimma Dargaggoo fi Ispoortii
9. Abba Taayitaa To'anno Dhaabbilee Misooma Mootummaa
10. Komshinii Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa
11. Komishinii Misooma Naannoo Horsiisee Bulaa
12. Komishinii Qophaa'inaafi ittisa Balaa
13. Ejensii Dhimma Hojjataa fi Hawaasummaa
14. Ejensii Babal'inaa Waldaa Hojii Gamtaa
15. Ejensii Misooma Manneenii
16. Ejensii Teekinoolojii fi Qunnamtii Odeeffannoo
17. Ejensii Misoomaa fi Eegumsa Fayyaa Beelladaa
18. Institiyutii Pilaanii Magaalotaa
19. Institiyutii leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qu'anno Seeraa

20. Intarpiraayizii Sanyii Filatamaa
21. Dhaabbata Raadiyoo fi Televizyiinii
22. Dhaabbata Bulchiinsaa Gamoowwan Mootummaa
23. Dhaabbata Gabaa Oomisha Qonnaa
24. Waldaa Liqii fi Qusannoo Oromiyaa
25. Kollejji Paablik Sarviisii
26. Kollejji Poolisii

3. Manni hojii ykn dhabbatii misooma mootumaa keewwata kana keewwata xiiqqaa(1) fi (2) jalati hin tarreefamne ykn gara fuuladurati hundeefamuu ulaagalee qajelfama kana keewwata 8 jalati ibsaman bu'ureefachun garee hordofi fi dagagina namuusa ykn qondala namuusa gurmesu ni danda'aa.

10. Sadarkaa Gurmaa'insaa Caasaaalee Qondala Ykn Garee Hordofifii Dagagina Naamusa

1. sadarkaaleen gurmainaa fi baay'inni qondaala ykn garee hordofifii dagagina naamusa akkata asiin gaditti kan qodamu ta'a

- a. Sadarkaa garee ykn /fi
- b. Sadarkaa rawwataa(ogeessaa) tti ta'a.

2. caasaa baay'inna humna nama caasaalee hordofifii dagaagina naamusa Manneen hojii mootumaa fi Dhabbilee misoomaa mootumaa keessaatti diriruu akka armaan gaditti kan gurmaa'uu ta'a.

- a. Sadarkaa gareetti namoota lama hanga saditti ta'ee gaggeesssa garee fi qondaaltoota naamusa ni qabata.
- b. Sadarkaa(oggeessa) raawwatattii raawwataa ykn qondaala naamusa tokkoon kan guurma'uu ta'a.

c. Kan raawwataa kana raawwataa xiiqqaa(2)(a) fi (b) jalatti ibsame jiraatulee manni hojichaa ykn dhabbatti misoomichaa babal'inaa hojii fi caasaa mana hojichaa gidugaleessaa godhachuun gurma'insaa kana babal'ifachuu ni danda'a.

11.Ramaddii Caasaalee Hordoffii Dagaagina Naamusaa

Sadarkaan qoodiinsaa fi ramaddii caasaalee hordoffii dagaagina namuusaa manneen hojii mootumaa fi dhaabbilee misooma mootummaa keessaatti taasifamuu akka armaan gaditti ta'a.

1.Akkata qajeelfama kana keewwata 9(1) jalatti ibsam en manneen hojii mootumaa fi dhaabbilee misooma mootumaa sadarkaa 1ffaatti ramadaman caasefamni qondaala hordoffii dagaagina naamusaa isaanii sadarka naannoo irraatti sadarkaa gareetiin kan gurmaa'uu ta'a.

2.Kan kerwewwata kana keewwata xiiqqaa(1) jalatti ibsame akkumma jirutti ta'ee manneen hojii mootumaa ykn dhabbat i misooma mootumaa akkaata bal'ina ykn baay'ina hojii isaatin caasaalee sadarkaa naannoo gadiitti argaman irraatti garee nama lama hin caalleen ykn qondaala namuusa tokkoon gurmeessuu ni danda'a.

3.Akkaataa qajeelfama kana keewwaata 9(2) jalatti ibsam en manneen hojii maootumaa fi dhaabbilee misoomaa mootumma sadarkaa 2ffaatti ramadaman caaseffamni qondaala hordoffii daagaginnaa naamusaa isaanii sadarkaa hundaa irraatti sadarkaa raawwataatiin kan gurmaa'an ta'ee sadarkaa naannoo irraattii akkaata bal'inaa fi baay'ina hojii isaaniitiin gareedhaan hanga nama lama hincaalleen gurmeessuu ni danda'a.

4.Manneen hojii mootumaa fi dhaabbilee misooma mootummaa keewwaata 9(1) fi (2) jalatti hi tarreeffamne ilaalchisee gurma'inni qondaala dagaagina naamusaa isaanii sadarkaa raawwaataa ta'a.

5.Kan keewwata kana keewwataa xiiqqaa (4) jalatti ibsame jiraatullee manni hojii ykn dhaabbatti misoomichaa ulaagaalee qajeelfama kana keewwata 8 jalat tarreffaman bu'ureffaachuun gurmaa'insa qondaala ykn garee hordofifii dagaagina naamusaa sadarkaa gareetti gurmeessuu ni danda'a.

Kutaa Sadii

Aangoo Fi Gahee Hojii Qondaala Naamusaa

12.Aangoo Fi Hojii Qondaala Naamusaa Ykn Gareehordoffii Dagaagina Naamusaa

Gaggeesan garee ykn qondaalli naamusaa aangoo fi hojii dambii lakk.146/2004 keewwaata 8 fi tumaaleewwaan kan biro,akkasumas labsii lakk.169/2003 labsii qabeenyaa beeksisuuf fi galmeessuuf bahe keessaatti tumaman kan qabatuu ta'a.haluma kanaan:

1. Hojiiwwan hordoffii dagaagina namuusaa ni karoorsa,ni qindeessaa,niraawwata,qajeelfama naamusa mana hojichaa yookiin dhaabbata misoomichaani qopheessaa,akka qophaa'uu ni taasisa,raawwii isaani hordofa.
2. Seeronni farra malaammaltummaa mana hojichaa ykn dhabbata misoomichaa keessa jiraachuufi kabajamuu isaanii ni hordofa ,hogganaa ol'aanaa fi hojjattoonni seerota farra malammaltummaaf hojimaata badaa fi qabsoo farra malammaltummaa irratti hubannoo akka qabaatan barumsaa ni kenna ykn akka kennamu ni taasisa.
3. Seerota,dambii fi qajeelfama bulchnsaa faayinaansii fi bulchiinsa hojjettootaa kan qaxarrii,guddinaafi jijiirraa jiraachaa isaan ni mirkanoeffata kan hin guutamnee yoo jiraate akka guutaman yaada itti gaafatamaa ykn hogganaa ol'aanaaf ni dhiyeessa,raawwii isaas ni hodroofa.

4. Qaxarrii guddinna jijjiraa leenjii bitta qabeenyaaykn tajaajilaa walii galtee kamiyyuu kan ilaaluu seerii ,dambii,fi qajeelfamnii cabeera jedhee yammuu amanu hogganaa mana hojichaa ykn dhaabbatichaa ni beeksiisaa , raawwiiisaas ni hordoofa ,furmaatii kan hin kennamneef yoo ta'ee qaama dhimmii ilaalatuuykn komishinnichaaf ni gabaasa.
5. Qo'aannoo hojimaataa mana hojichaa ykn dhaabbatichaa keessaatti gochoota malammaltummaa fi hojimaata badaaf qaawwaa qaban irratti ni gaggeessaa.kan deggarsa ni kennaa . kallattii fi yaadi furmaataa kennqman akka hojii irra oolan ni taasisa.
6. Hir'ana naamusaa hojimaata badaa ,yakki malaammaltummaa raawwatamuu isaa yoo shakke ykn eeruun yoo dhihaateef ni galmeessa. Hogganaa mana hojichaa ykn dhabbatichaa ni beeksiisa,komishinichaafis ni gabaasa
7. Gabaasa odiitara keessattiin yookiin odiitaraa alaattiin dhiyaatee akka sirreefaman ykn tarkaanfiin irratti akka fudhataman taafifamee hordofee hogganaa mana hojichaa ykn dhabbatichaaf ykn komishinichaafis ni beekisiisa.
8. Sochii naamusaa gaarii dagaagsuufi yakka malaammaltummaa ittisuuf taasiofamuu ni hogganaa,nini qindeessa.
9. Hojii qabeenyaay beeksiisuufi galmeessuu akkaataa seeraafi bakka bu'iinsaakomishinichaan kennamuufiin ni raawwata raawwiiisaas komishinichaai ni beeksiisa.
10. Hojiilee qorannoo yakkalamammaltummaa komishichaan ykn qaama komishinichaan bakka bu'een gaggeeffamuuf deggersa barbaachisaa ta'e ni taasiisa.
11. Dhiommoota naamusaa fi qabsoo farra malammaltummaa ilaalchisee hogganaa mana hojichaa yookiin dhaabbatichaa ni gorsa.deggarsaa ogummaa ni kennaa.

12. Gabaasa yeroo isaa eeggate qopheessee komishinichaafi hogganaa mana hojichaaf yookiin dhabbatichaani dhiyeessa.
13. Hojiilee biro hogganaa isaa ykn komishinichaa irra kennaman ni raawwata.

13Angoo fi Gahee Hojii Hogganaa Ol'aanaa ykn Ittigaafatamaa

Hogganaa Ol'aanaa ykn ittiggaafatamaan mana hojii mootummaa ykn dhabbata misooma mootummaa kamiyyuu akkaataa dambii lakk.146/2004 keewwaata 9 fi tumaaleewwan kan biro akkasumas labsii qabeenyaa beeksiisuu fi galmeessuuf bahe labsii lakk. 169/2003 keessatti tumaman raawwachuuf aangoo fi gahee hojii kan qabaatu ta'a. Haaluma kanaan;-

1. Manneen hojii mootummaa yookiin dhaabbilee misooma mootummaa keessatti hojjetaa fi gaggeessaan naamusa gaarii akka qabaatu akkasumas qummamti hojii gaarii akka jiraatuu fi bulchiinsi gaariin akka jiraatuu fi bulchiinsi gaariin akka mirkanaa'uu hordoffii ni taasisa.
2. Sirna hojmaataa mana hojichaa yookiin dhaabbatichaa malaammaltummaa fi hojimaata badaaf kan hin mijannee,iftoomina fi ittagaafatatummaa kan qabu akka ta'u ni taasisa.
3. Qondaala naamusaa yookiin garee hordoffii fi dagaagina naamusaa mana hojichaa yookiin dhaabbatichaa itta gaafatatummaa isaanii bahuu akka danda'aanii humna nama fi tajajilawwan barbachisu guutuu fi mindaa fi faayidaalee barbaachisuun kenuun garichaaf yookiin qondaaltichaaf haala hojii ni mijeessa.
4. Mana hojichaa yookiin dhaaabbata misoomichaa keessatti mallattoon hir'innaa naamusaa hojimaata badaa fi malammaaltummaa yammuu mul'aatu hojjettoota fi gageesitoota

waliin ni mari'yata,furmaata ni kenna,akkafurmaati kennamu ni taasisa.

5. Tarkaanfiwwan bulchinsaa yookiin naamusaa fudhataman raga gahaa kan deggaramaan ,haaloo irra bilisa kan ta'an mana hojichaa yookiin dhaabbata misoomichaa keessatti bulchinsaa gaarii mirkaneessuuf kan gumaachan ta'uu isaanii ,tarkaanfiwwaan seeraa fi qajeelfama kan bu'ureefatanii fi haqa qabeessa ta'uu isaanii ni mirkaneessa.
6. Qondaalii yookiin gareen hordoeffii fio dagaaginnaa namusaa hojjetootaaf barumsii naamusaa gahaa ta'e yeroo yeroon kennuu isaa hojimaata badaa fi gochaalee malammaltummaaf saaxilaa haala gahaa ta'een hordofee tarkaanfiin sirreffamaa akka fudhatamuu taasisuu isaa ni hordofa , nito'ata.
7. Sirna eegumsa eeruu kennitootaa diriirsun mirgootaafi dirqamoota eeruu kenitootaa keessattuu kan armaan gadii kan ilaallatuu beeksiisanii bakka ifaa ta'eef mul'atutti akka maxxansamuu ni taasisaa.
 - a) Hogganaa fi hojjetaan kamiyyuu malammaaltummaa fi hojimaata badaa saaxiluuf dirqaama akka qabuu fi kan gochuu dhabuun kan gaafachisu ta'uu isaa.
 - b) Eeruun qaamaan dhiyaachuun ,jechaanisii ta'e barreffaman maqaa ibsuun yookaan osoo hin ibsin,bilbilaan,poostaan,imeeliin,faaksiin yookiin maloota elektirooniksii kan kana fakkaataniin dhiiyeessuu kan danda'an ta'uu isaa.
 - c) Dambii naamusaa cabsuu yookiin yakka malammaltummaa irratti eeruu kennitootaa irratti tarkanfii haaloo fudhachuundhorkaa ta'uu isaa fi kunis ta'ee yoo argamee yakkaanii fi tarkaanfii bulchiinsaan kan gaafachiisu ta'uu isaa

- d) Eeruun ta'e jedhamee nama miidhuuf sobaan qophaa'e ykn qinda'ee tarkaanfii bulchinsaa fi yakkaan kan gaafachisuu ta'uu isaa
 - e) Qondaallii naamusaa tarkaanfiwwan haaloo bahuuf fudhataman kana qorachuudhaan yaada murtii kan dhiyeessuu fi kana yoo raawwatu garagalchaan komishiniichas kan beeksiisuu ta'uu isaa.
 - f) Taarkaanfii haaloo ba'uuf fudhatamaan irratti manni hojii ykn dhaabbati misoomaa murtee kenne irratti hojjataan komii qabu komishinichaaf ol-iyyata dhiyeffachuu kan danda'uu ta'uu isaa.
- 8.Hordoffiidhaan akka tolu dhimmoota odiittara alaatiinis ta'ee odiitara keessaatiin akka sirraa'an ykn tarkaanfiin akka irratti fudhatamu gabaasni dhiyaate qondaalii naamusaa garaagalchaan akka beeku ni taasisa.
9. Qondaalli naamusaa yookiin gareen hordoffii fi dagaagina naamusaa leenjii fi barumsaa naamusaa hojii isaaniif gargaaru akka argatan ni taasisa.
- 10.Qondaallii naamusaa yookiin gareen hordoffii fi dagaagina naamusaa deggersa barbaachisaa ta'e akka argatu haala ni mijeessa.

Kutaa Afur Waa'ee Qaxara,Ramaddiifi Muudamaa fi Haala Naamusaa

14.Qaxarrii Ramaddii fi Muudama Qondaala Naamusaa

- 1. Manni hojii mootummaa ykn dhaabbanni misooma mootummaa kamiyyuu garee hordoffii dagaagina naamusaykn qondaala naamusaa akkaataa**

qajeelfamaa kanaa keewwata 9-11 jalatti ibsameen seera hojjettoota mootummaa naannichaa ykn dambii ykn qajeelfamaa mana hojichaa ykn dhaabbatichaa bu'ureefachuun qaxaruu ykn ramaduu ykn muuduu ni danda'a.

2. Kan keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti ibsame akkuma eegametti ta'ee qaxarrii ykn ramaddii ykn muudamni garee hordoeffii dagaagina naamusaa ykn qondaala naamusaa taasifamu ulaagaalee qajeelfamaa kana keewwaata 15fi 16jalatti ibsame kan guutu ta'uu qabu.

15.Ulaagaa fi Sadarkaa Qaxarrii,Ramaddii fi Muudamaa

1. Qajeelfamaaa kana keewwata 14 jalattii kan ibsame akkuma eegametti ta'ee.
 - a. Namni gaggeessa garee hordoeffii dagaaginnaa naamusaa ta'ee ramadamuu ykn qaxaramu ykn muudamu sadarkaan isaasadarkaa abba adeemsaa hojii ijoo mana hojichaa ykn dhaabbatichaa waaliin kan walgitu ykn tokkoo ta'uu qaba'
 - b. Namni raawwataa ykn ogeessa qondaala naamusaa ta'ee ramadamu ykn qaxaramu ykn muudamu sadarkaan isaa sadarkaa ogeessaa ol'aanaa mana hojichaa ykn dhabbatichaa ta'uu qaba.

2.Namni gaggeessaa garee ykn ogeessa qondaala naamusaa ta'ee akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa (1)tiin ramadamu gosni barnootaa,sadarkaa barumsaafi muuxannoon hojii isaa adeemsaa hojii ijoo mana hojichaa ykn dhaabbata misoomichaa adda addaa irraa kan walitti dhufanii gur maa'an ta'uu ni dandaa'a

3.kan keewwaata kana keewwaata xiqqaa (2)jalatti ibsamee akkuma jiruutti ta'ee namni gaggeessaa garee hordoffii dagaagina naamusaa ykn qondaala naamusaa ta'ee ramadamuu adeemsawan hojii ijoo mana hojichaa ykn dhaabbataa misoomichaa adda addaa irraa kan waliitti dhufanii gurmaa'an ta'uu ni danda'aa.

16.Ulaagaalee Naamusaa

Dambii lakk. 146/2004 keewwata 11 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee namni gaggeessaa garee hordoffii dagaagina naamusaa ykn qondaala naamusaa ta'ee ramadamu ulaagalee armaan gadii guutuu qaba.

1.naamusa gaarii kan qabuu fi bakka hojii isaatti fakkeenya gaarii kan ta'ee kunis;

- a. Badii naamusaattiin kan hin himaatamne
- b. Hojeeettoota,mana hojichaa ykn dhaabbata misoomichaa biraatti maqaa gaarii kan qabu fi hir'ina naamusaattiin kan hin shakkamne.
- c. Ittigaafatamummaadhaan gahee isaa bahuu kan danda'uu
- d. Hojii hojjatu irratti iftoominaa kan qabu.
- e. Icciiitti hojichi barbaadu kan eegu
- f. Amanamaa fi haqa qabeessa kan ta'e.

2.Bu'aa raawwii hojii isaatiin mana hojichaa ykn dhaabbataa misoomichaa keessatti fakkeenyaa kan ta'e.

3.malammaltummaafi hojiimaata badaa irra qulqullukan ta'e,kan irratti qabsaa'uu fi ejanno cimaa kan qabu ta'ee kuns;:-

- a. Malammaltummaafi hojii maata badaa irratti kan qabsa'uu, saaxiluu, fi kutannoo kan qabu akkasummaasi kaka'umsaaf fedhii guddaan hojjechuuf qophii kan ta'ee.
- b. Hojiawan kanaan dura ittigaafatatummaan ykn ogeessummaan hojjachaa ture keessatti hojimaata badaa fi malaammaaltummaan akka hin raawwatamnee ittisuu irratti gahee isaa kan bahaan turee ykn hirmaachaa turee fi jiru.
- c. Seerootaafi naamusaa mana hojichaa ykn dhaabbatichaa kan kabajee hojii irraa oolchuu akka kabajamuu ykn hojii irra oolu kan taasiisuu ykn tattaaffii kan godhu.
- d. Qabeenyaa motummaa kan hin qisaasnee, kaayyoo hojii barbadameefi qofa irra kan oolchuu ykn akka hojii irraaooluu kan taasisu.

4. Araada dhugaatii fi baala sammuu nama hadoochuu irraa bilisa kan ta'ee kinsi; -

- a. Qorichaa ykn baala sammuu nama hadoochu fudhachuu irraa bilisa kan ta'e.
- b. Dhugee kan hinmachoofinee, haraaraan hojii kan hin miinee fi gochoota walfakkaataa ta'an irraa bilisa kanm ta'e.

17. Mirgoota Ykn Faayidaalee Garee Hordofii Dagaagina Naamusaa Ykn Qondaala Naamusaaaf Eegamuu Qaban

Tumaalee dambii lakk.146/2004 fi seeroota farra-malaammaltummaa adda addaa bahan irratti kan tumaman akkuma eegamanitti ta'ee namni qondaala naamusaa , ykn gaggeessaa garee hordooffii dagaaginnaa naamusaa irratti ramadamee hojjetu kamiyyuu mirgoonni

ykn faayidaaleen armaan gaditti ibsaman kan eegamaniif ta'a.

1. Mana hojichaa ykn dhaabbata misoomichaa keessaatti faayidaaleen ykn/fi mirgoonni abbootti adeemsaa ykn gaggeessitoota gareef ykn ogeessota birootiif eegaman hundi gaggeessaa garee hordoffii dagaaginaa naamusaa ykn /fi qondaala naamusaaaf eegamuu qaba.
2. Namni gaggeessaa garee ykn qondaala naamusaa ta'ee caasaalee mana hojichaa ykn dhabbata misoomichaa keessatti muuxannoon hojii horate kallatti ykn amala hojii adeemsa hojii ijoo ogummaa isaattiin walqunamtii qabuun haala wal qixa ta'een kan qabamuuf ykn fudhatamuuf ta'a.
3. Ogeessa mana hojii mootummaa ykn dhaabbata misooma mootummaa keessatti gaggeessaa garee hordoffii dagaaginaa naamusaa ykn qondaala naamusaa ta'ee hojjete komishinichi jijjiirraan ykn qaxarriin fudhatee hojjechisuu ni danda'aa kunis kan ta'u;-
 - a. Qondaala naamusaa raawwiin bu'aa hojii isaa ol'aanaa kan ta'ee ykn kan galmeessise gita hojii banaa komishinichii ykn dameewwan isaa qabu irratti dursii kennamuuf ni danda'aa.
 - b. Kan keewwaata kana keewwataa xiqqaa (3) (a) jalatti ibsame jiraatullee gaggeessaan garee hordoffii dagaadinaa naamusaa ykn qondaalii naamusaa gara komishinichaatti ramadamee hojjachuuf fedhii qabu ykn dursii carraan kennamuun ulaagaa gosa barnootaafi muuxanno hojii gitni hojichaa barbaadu kan guutuu ta'uu qaba.

- c. Jijjirraan ykn qaxarriin komishinichii taasisuu bu'uraa dambii fi qajeelfamaa komishinichaawaa'ee qaxarrii ,ramaddii fi muudama murteessuufi bulchuuf baheen kan raawwatamu ta'a.
- 4.komishinichii qondaaltoota naamusaa ykn garee hordoffii dagaagina naamusaa malaammaltummaa fi hojimaata badaa ittisuu keessatti bu'aa ol'aanaa galmeessisef beekamtii ykn badhasaa ni kenna.

18.Haala Tarkaanfiin Sireeffamaa Itti Fudhatamuu

Manni hojii mootummaa ykn dhaabbatnii misooma mootummaa kamiyyuu qaxarrii ,ykn ramaddii ykn muudamaa garee hordoffii dagaagina naamusaa ykn qondaala naamusaa akkaataa qajeelfamaa kana keewwata 14 hanga 16 jalatti ibsameen ala raawwatee yoo argame tarkaanfiwwan sirrffamaa armaan gadii ni fudhatama.

- 1) Komishinichii ykn dameewwan komishinichaa to'aannoo ykn hordoffii taasisuun ykn odeeffannoo isa gahuun ramaddiin ykn qaxarriin ykn muudamni garee hordoffii dagaaginnaa naamusaa ykn qondaala naamusaa raawwatame akkaataa dambii fi qajeelfama keessa taa'een ala raawwatamuun isaa yoo milkana'ee manni hojichaa ykn dhaabbati misoomichaa akka sirreessu ni taasisa.
- 2) Manni hojichaaykn dhaabbatini misoomichaa ramaddii ykn qaxarrii ykn muudama taasifamee kana akkataa keewwata kana keewwata xiqqaa(1) jalatti ibsameen yoo sirreessuu baata komishinichii ykn dameen isaa dogongora manni hojichaa ykn dhaabbati misoomichaa

raawwateibuun tarkaanfiin sirreefamaa akka fudhatamuu qaama manni hojichaa ykn dhaabbatni misoomichaa itti waamamaa ta'eef nibeeksiisa.

- 3) Kan keewwataa kana keewwataa xiqqaa (1) fi (2) jalatti ibsamanakkuma eegametti ta'ee manni hojii ykn dhaabbati misooma qaxarrii ykn ramaddii ykn muudama garee hordoffii dagaagina naamusaa ykn qondaala naamusaa akkaataa dambii lakk.146/2004 keewwata 10fi 11,akkumas akkaataa qajeelfama kana kewwataa 14-16 jalatti tarreeffamaniin ala raawwatame akka sirreessu qajeelfamni kennameefii sirreessuu yoo baate tumaalee labsii yakka malammaltummaa ykn bu'ura seera yakkaa keewwata 420 ykn seerota yakkaa kan birootiin kan gaafatamu ta'a.

19.Akkaataa Qondaallii Naamusaa H ojii Irraa Itti Ka'u

Badiiwan hojjetaa tokko hojii irraa kaasuuf seerota, dambii fi qajeelfama hojjettoota mootummaa ykn dhaabbata misooma mootummaa keessatti tarreeffamanakkuma eegamanitti ta'ee namni gaggeessaa garee hordoffii daggaagina naamusaa ykn qondaala naamusaa ta'ee hojjetu tokko badiiwan armaan gadii raawwatee yoo argame hojii irraa kan ka'u ta'u.

- 1.Gocha malaammaltummaa raawwatee yoo argame,ykn
2. Gocha hojimaata badaa hojii qondaala naamusaa waliin hin deemnee raawwatee yoo argame ykn,
3. Hojii irratti gahumsaa ykn dandeetti kan hin qabne yoo ta'e ykn
4. Dhukkuba ykn dhibee hojichaa hojjachisuu isaa hindandeessisneyoo isa mudatee ykn
5. Ulaagaalee naamusaa akkaataa qajeelfama kana keewwaata 16 jalatti tarreefaman darbee yoo argame,ykn,

6. Ulaagaalee fi sadarkaa qaxarrii ykn ramaddii ykn muudamaa keewwaata 15 jalatti tarreeffaman osoo hin guutin yoo argame dha.

20.Eegumsa Seeraa Qondaala Naamusaatiif Taasifamuu Qabu

1. Qajeelfamaa kana keewwata 19 jalattii kan ibsame akkuma jiruutti ta'ee manni hojichaa ykn dhaabbanni misoomichaa qondaalaa naamusaa sababa hojiirraa ykn ittigaafatatummaa irraa kaaseef guyyaa hojiirraa kaasee eegalee guyyoota shan keessatti komishinicha ykn dame isaaf beeksiisuu qabu.
2. Komishinichii akkuma beeksisiisa qaqqabeen ykn komii ykn ol'iyyannoon dhiyyaatee fi ykn kaka'umsaa mataa isaattiin yoo irra ga'e ykn hordoofee hojii taasise irraa ka'uudhaan qondaalii naamusaa bu'uraa qajeelfama kana irratti ka'amaaniin kan hojii irra ka'e ta'u qoratee ykn qulqulfattee tarkaanifiwwan sirreffamaa barbaachisaa ta'ee fi kanneen armaan gaditti ibsaman fudhachuu ykn akka fudhataman taasisuu ni danda'a.kunis;-

a.Srrummaa ykn dhugummaa isaa mirkaneessuu,ykn

b.Tarkaanfiin fudhatamee badiiraawwatame jedhame wajjiin kan walhingitne yoo ta'e akka sirreffamu ykn fooyya'u taasisuu ykn,

c.Badiin raawwatame qondaala naamusaa ta'ee ittifufsiisuu kan hindandeessisne ta'uun isaa yoo mikanaa'ee gita hojii kan biro irratti akka ramadamuu taasisuu ni danda'a.

d.seera yakka, seerota yakka malammaltummaa , labsii komishinichaa hundeessee ,labsiwwan hojii komishinichaa rawachiisuuf bahan,dambii fi tarkaanfiwwan qajeelfama kana keewwata 18 jalatti ibsaman akkuma eegameetti ta'ee haaloo bahinsii qondaala naamusaa ykn gageessaa

garee irratti raawwatamee yoo argame komishinichii qulquleessuudhaan qaama dhimmi ilaaluuf ni gabaasa,ni hordofa.

Kutaa Shan

Walitti Dhufeenyaa Hojii Qondaalli Naamusaa Komishinichaa Fi Qaamolee Biirroo Waliin Qabaatu.

21. Akkaataa walitti dhufeenyaa hojii komishinichaa wajjiin qabaatuu fi deeggarsa irraa Aargatu

Waltti dhufeenyii fi wal-qunnaa hojii qondaalli naamusaa ykn gaggeessaan garee hordoffii dadaagina naamusaa komishinichaa fidameewwan isaa waliin qabaatu dambichaa fi seerotakan biroo irratti kan tumamee akkuma eegametti ta'ee walitti dhufeenyaa fi wal qunamtii hojii armaan gadii niqabaata.

1. Komishinichi leenjii dandeetti fi gahumsa qondaaltoota naamusaa ijaaru ykn cimsu nikenna,kuniskan dabalatu;—
 - a. Akkaataa barumsi naamusaa itti qophaa'uu fi kennamuu
 - b. Akkataa qu'annoon hojiimaataa ittigaggeeffamuufi hordofamu,
 - c. Akkataa eeruun itti fudhatamuu,sassabamu,calalamuu,gurmaa'uufi komishinichaaf dhihaatu,
 - d. Damdiwwan naamusaa(code of conduct) ogeessotaa fi hojjattoota mana hojichaa ykn dhaabbataa

misoomschaa ittiin qopha'uu fi hojii irra oolmaan isaa
itti hordofamu,

- e. Akkaataa qabeenyii filaatamtootaa, muudamtootaafi
hojjeettootaa mootummaa ykn dhaabbataa misooma
mootummaa ittiin beeksii famuu fi galmaa'uu
akkasumas komishinichaaf gabaafamu ykn ergamu,
- f. Akkaataa tumsi gamtaafi farra malaammaltummaa
sadarkaa mana hojichaatti ykn dhaabbatichaatti itti
qinda'aan gurmaa'anii socho'an.

2.kan keewwaata kana keewwata xiqqaa (1)jalatti ibsaman
akkuma jirutti ta'ee wal-qunamtii wwaan hojii fi degarsii
hojii adda addaa qabsoo farra malaammaaltummaa fi
hojimaata badaa ittisuuf gargaaran hunda cimsanii ykn
waliin hojjachuu danda'aan kan biroo komishinichaafi
caasaa komishinichaa waliin qabaachuu ni dandaa'a.

22.Akkaataa Walqunnamtii Qondaalli Naamusaa Qaamolee Malaammaltummaafi Hojiimaata Badaa Ittisuuf Gahee Ol'aanaa Qaban Kan Biroo Wajjiin Qabaatu.

1. Qondaalli naamusaa hojiawan ittisaa yakka malaammaltummaa
hojjatamu irratti caasaalee mana hojichaa ykn dhaabbaticha keessaa fi
sadarkaa sadarkaan jiran hundaa waliin wal-qunnamtii hojii ni
qabaata.kunis kan dabalatu;

- a. Qondaalli nnaamusaa mana hojiichaa ykn dhabbaataa
misoomichaa caasaalee mana hojichaa ykn dhaabbataa
misoomichaa keessa jiran gahee hojii dambichaa fi
qajeelfamaa kana keessaatti tumaman hojjachuu fi bu'aa
qabeessa taasisuuf wal qunnamtii hojii waliin qabaachuu,
ykn taasisuu ykn uumuu.

- b. Hojii dagaagina naamusaa mana hojichaa ykn dhaabbataa misoomichaa karoorsuu,qindeessuu ,raawwiii isaa hordooftuufi bu'aawan argaaman madaaluu ilaalcissee caasaalee qondaaltoota naamusaa sadarkaa ol'aanaa irraa hangaa sadarkaa dakaatti jiraaniif deggarsaa kennuu.
- c. Caasaaleen qondaaltoota naamusaa sadarkaa damee ,godinaa ,aanaafi bulchiinsaa magaala irratti argaaman karoorsuufi gabaasa qindeessuudhaan sadarkaa sadarkaan caasaa dagaaginnaa naamusaa ol'aanaatiif ni kennu,nidhiheessu.
- d. Waltajji muuxannoo waljijjirraa,raawwii bu'aa karooraatii madaalanii fi kallattii fuula duraa ittiin kaa'anii fi dhimmoota biroo dagaaginnaa naamusaa ilaallatu irratti walqunnamtii fi waltajji waliin ni qabaatu.
- e. Kan keewwata kana keewwata xiqqaa (1)(d) jalatti ibsame akkuma jirutti ta'ee waltajjiin gaggeeffamu qaamolee sochii farra malaammaltummaa fi hojimaata badaa ittisuu fi tumsa gamtaa qaamolee sochii mana hojichaa ykn dhaabbatichaa keessatti hundaa'an kan dabalatu ta'a.

2.kan keewwata kana keewwata xiqqaa(1) jalatti ibsame akkuma jirutti ta'ee qondaalii naamusaa qaamolee mana hojichaa ykn dhaabbataa misoomichaa keessaa;

- a. Odiitii keessaa
- b. Ofisara (Ogeessa) sagantaa fooyya'insa sivil sarvisii ykn foyya'insa sirna haaqaa
- c. Tajaajila seeraa ykn gorsaa seeraa
- d. Dhimmoota kominikeeshinii
- e. Bulchinsaa qabeenyaa humnaa nama
- f. Bulchinsaa qabeenyaa faayinaansii
- g. Bittaa fi bulchiinsaa qabeenyaa meeshaa

- h. Inspeekshinii mana hojichaa ykn
- i. Koreewan adda addaa kan akka koree qaxarii,gudinaa,naamusaaifi k.k.f wajjiin wal qunamtii hojii ni qabaata.

3.qondaalii naamusaa ykn gareen hordoeffif dagaaginnaa naamusaa qaamolee alaa kan biroo wajjin wal qunamtii hojii armaan gadii qabaachuu ni danda'aa.

- a. Caasaalee qondaalaan naamusaa manneen hojii fi dhaabbilee misoomaa mootummaa naannichaa sadarkaa kamiyyuu irra jiran waliin walqunamtii fi deeggarsaa hojii waliin qabaachuu ykn muuxannoo hojiifi odeeffannoo waljijiiruu fi dhimmoota walitti isaan fiduu irratti waliin hojjachuu ni dandaa'uu.
- b. Maamiltootaa fi dhimmamtoota mana hojichaa fi dhaabbataa misoomichaa wajjin haala malaammaltummaa fi hojimaataa badaa ittisuun danda'amuu irratti wal qunamtii uumuun waliin hojjachuu ni danda'u.
- c. Gamtaa farra malaammaltummaa sadarkaa sadarkaan hundaa'u keessatti mana hojichaa ykn dhaabbataa misoomichaa bakka bu'uun qooda ni fuudhatu,muuxannoo gaarii argamuus fudhachuun hojii irraa ni oolchu.
- d. Sochiilee farra malaammaltummaa ykn hawaasa siviili adda addaa seektaarichaa irraa dhimma qaban waliin ta'uun ittisa yakka malaamamalyummaa irratti ni hojetu,qaamolee farra malammaltummaa irratti hojatan kanneen biroo kan akka dhaabbata

barnootaa,amantii,abbootii gadaa fi kan biroo wajjin walqunnamtii hojii barbaachisaa ta'e ni taasisu.

- e. Komishinichii damee komishinichaa fi qaamolee fi dhimmamtootaa milkaa'ina hojiif gargaaran sadarkaa sadarkaan jiran wajjin walqunnamtii hojii fiwaltajii muuxannoo waljijirraa ni taasisu

23,Akkaataa qophii karoora fi gamaaggaama raawwii hojiwwan caasaalee dagaaginnaa naamusaa.

Qophiin karooraafi gamaaggamni raawwii hojiwwan caasaalee dagaaginnaa naamusaa haala armaan gadiitiin kan raawwataman ta'a.

1. Sadarkaa naannootti ,manni hojichaa fi dhabbatii misoomichaa Karoora hojii karoorfachuun akkuma jirutti ta'ee komishinichii toora xiyyeffannoofarra malaammaltummaa fihojiimaata badaa hojilee bara baraan jiraan keessatti kallattii xiyyeffannoo Karoora hojiwwan dagaaginnaa naamusatiif farra malaammaltummaa irratti xiyyeffatamuu qaban adda baasee qopheessuun kan kenu ta'a.
2. Manni hojichaa ykn dhaabbatinni misoomichaa fi caasaalee dagaaginnaa naamusaa sadarkaa sadarkaan jiran kallatti toora Karoora irratti xiyyeffatamuu qabu irratti hundaa'uun Karoora hojii isaaanii keessatti akka hammatamuu ni taasisuu.
3. Ergama mana hojichaa ykn dhaabbata misoomichaa irratti hundaa'uun hojiwwan ittisaa yakka malaammaltummaa ni karoorsa, akka karoorfamu ni taasisa. Karoora qopha'ee komishinichaafykn dame isaaf ni erga.

4. Komishinichii ,ykn dameen komishinichaa Karoora ergaameef irratti hunda'ee yeroo yeroodhaan duub-deebii ni kenna,hordoeffii fi deeggersa ni taasisa.
5. Waajirii bulchinsaa godinaa gabaasa raawwii hojii dagaaginaa naamusaa seektaroota godinichaa ni qindeessa.ni qorataa,ni deggara,bu'aa isaa komishinichaaf ykn damee isaaf ni gabaasa.
6. Waajiri bulchinsaa aanaa gabaasa raawwii hojii dagaaginaa naamusaa seektaarootaa aanichaani qorata ,ni deggara,bu'aa isaa godinaaf ni gabaasa.
7. Waajirii bulchinsaa magaalaa gabaasa raawwii hojii dagaagina naamusaa seektaarootaa magaalichaa ni qindeessaa,ni qorata,ni deggara,bu'aa isaa komishinichaaf ykn damee isaaf ni gabaasa.
8. Gamaaggamni bu'aa raawwii hojiwwan qondaala naamusaa waggaatti yeroo lama kan gaggeeffamu ta'ee wal akka wagga fidhuma wagga irratti ta'a. bu'aan gamaaggamichaas komishinichaaf ykn dame isaaf ni gabaafama.
9. Kan keewwataa kana keewwata xiqqaa(8) jalatti ibsame akkuma eeggametti ta'ee yeroo barbaachisaa ta'ee argametti komishinichii ykn caasan komishinichaa waltajjii gaggeeffamu manneen hojii ykn dhaabbata misoomichaa fi caasaalee dagaaginaa naamusaa waliin gaggeessuu ni danda'u.

Kutaa jaha
Tumaalee addaa addaa
24. Dirqama Deggersa Taasisuu

Hoggaanaa ykn ittigaafatamaan mana hojii mootummaa ykn dhabbata misoomaa mootummaa kamiyyuu hojii irraa oolmaa qajeelfama kanaaf dirqama deggersa taasisuu ni qabaata.

25.Seeroota Raawwatiinsa Hinqabaanne

Qajeelfamootni ykn barmaatilee hojii qajeelfama kana waliin walfaalleessaan kamiyyuu dhimmoota qajeelfama kana keessatti hammataman irratti raawwatiinsa hin qabaatan.

26.Aangoo Qajeelfama Fooyyeessuu

Barbaachisaa ta'ee yoo argame komishinichi qajeelfama kana fooyyeessuu nidanda'aa.

27.Qajeelfamni Kun Yeroo Hojii Irra Itti Oolu

Qajeelfamni kun sadaasa 18 bara 2005 irraa eegalee kan hojii irra oolu ta'a.

Taakkalaa Inkoosaa

Komishinara Komishinii Naamusafi Farra-Malaammaltummaa Naannoo Oromiyaa

Guyyaa 18/03/2005

Finfinnee

CONFIDENTIAL